Waggaa 21ffaa..... Lak. 5/2005
፳፩ኛ ዓመት..... ቁጥር ፭/፪ሺ፭
21st year ..... No. 5/2013

Finfinnee, Adoolessa 6/2005
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭
Finfine, July 13, 2013

MAGALATA OROMIYAA
L µ E p ‰ Z M ë ¦
MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko ..... Qar. 3.70
¦¿«è ”¶ ..... ፫ ብር ከ፵ ሣንቲም
Unit Price ..... Birr 3.70

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
I‰Z M¦ ብሔራዊ ŒGF” L ¿ · R r
በጨፌ ኦሮሚያ º m f } r £ ' »

Lak. S. Poostaa 21383-1000
£Þ.Q.e¼Y .....
P.O.Box .....

QABIYYEE
Labsii Lak. 179/2005
Labsii Ejansii Misoomaafi Manaajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe ..... Fuula 1

ማውጫ
አዋጅ ቁጥር ፭፻፸፱/፪ሺ፭
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ..... ገጽ ፩

CONTENT
Proclamation No. 179/2013
A Proclamation to Establish Oromia National Regional State Urban Land Development and Management Agency ..... Page 1

Labsii Lak. 179/2005
Labsii Ejansii Misoomaafi Maanaajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe

Sagantaalee, imaammata misoomaafi maanaajimantii lafa magaalaa keessatti ibsaman hojiirra oolchuudhaaf haala qindaa'een hogganuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Magaalota naannichaa keessatti sirna misoomaafi manaajimantii lafa magaalaa diriirsuun qabeenya dhumataa ta'e kana qisaasamaafi kiraa sassaabdummaa irraa bilisa gochuuf karaa iftoominaafi ittigaafatamummaa qabuun hojiirra oolchuufi jijjiirama bu'uura hawaasummaafi dinagdee dhugoomsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna odeeffannoofi ragaa lafa magaalaa naannichaa hojimaataafi teekinooloojii ammayyaatiin deeggarame uumuun, akkasumas humna namaa gahumsaafi dandeettii qabu ijaaruun dandeettii raawwachiisummaa magaalotaa cimsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

አዋጅ ቁጥር ፭፻፸፱/፪ሺ፭
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ

በከተማ መሬት ልማት እና ማኔጅመንት ፖሊሲ ውስጥ የተገለጹትን ፕሮግራሞች ሥራ ላይ ለማዋል በተደራጀ መልኩ መምራት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በክልሉ ከተሞች ውስጥ የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ሥርዓትን በመዘርጋት ይህንን አላቂ የሆነ ንብረት ከብክነትና ከኪራይ ሰብሳቢነት ነፃ ለማድረግ ግልፅነትና ተጠያቂነት ባለው መንገድ ሥራ ላይ ለማዋል እና መሰረታዊ የሆነ ማህበራዊ እና ኢኮኖሚያዊ ለውጥን ዕውን ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የክልሉን የከተማ መሬት የመረጃ እና የማስረጃ ሥርዓት በዘመናዊ ቴክኖሎጂና አሠራር የተደገፈ አሰራር ለመፍጠር፣ እንዲሁም ብቃትና ችሎታ ያለውን የሰው ሀይል በመፍጠር የከተሞችን የአሠራር አቅም መገንባት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

Proclamation No. 179/2013
A Proclamation to Establish Oromia National Regional State Urban Land Development and Management Agency

WHEREAS, it has become necessary to implement programs stated in the urban land development and management policy in an organized manner;

WHEREAS, it is necessary to make free this limited resources from misuse and rent-seeking through the realization of urban land development and management system within the urban areas of the region in a way that has transparency and accountability and to realize social and economic transformation;

WHEREAS, it is necessary to strengthen implementation capacity of urban by creating information and data system of urban land by creating modern procedure and technology as well as building skilled and competent manpower;

Hojii lafa magaalaa bakka adda addaatti bifa bittinnaa'aa ta'een hojjatamaa ture qaama mootummaa of danda'ee misoomaafi manaajimantii lafa magaalaa irratti hojjatu hundeessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49(3)(a) tiin Labsiin kanatti aanu labsameera.

KUTAA TOKKO

TUMAALEE WALIIGALAA

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Ejansii Misoomaa fi Maanaajimantii Lafa Magaalaa Hundeessuuf Bahe Lak. 179/2005" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1) "**Biiroo"** jechuun Biiroo Industiriifi Misooma Magaalaa Oromiyaati.
2) **"Magaalaa"** jechuun ummata 2000 fi isaa ol keessa kan jiraatu ta'ee, jiraataa magaalaa keessaa %50 fi isaa ol kan ta'u jireenyi isaa qonnaan ala kan ta'e jechuudha.
3) **"Lafa Magaalaa"** jechuun lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuudha.
4) **"Maanaajimantii Lafa Magaalaa"** jechuun lafaafi qabeenya lafa magaalaatiin walqabtee bifa ammayyaa ta'een bulchuu fi hogganuu jechuudha.
5) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun seeraan yookiin bakka bu'ummaan qaama mootummaa dhimmi ilaallatuun magaalaa bulchuuf qaama aangooniifi gaheen hojii kennameefii caaseeffame jechuudha.
6) **"Lafaafi Qabeenya Lafaan Walqabate"** jechuun lafa magaalaafi qabeenya hin sochoone lafa sana irratti argamu jechuudha.
7) **"Kaadaastara"** jechuun sirna qabiyyeen lafaafi qabeenyi dhaabbataan lafaan walqabtee jiru ittiin galmaa'uufi beekamuuf ragaa qophaa'u jechuudha.
8) **"Pilaanii Magaalaa"** jechuun qaama aangoo qabuun kan ragga'ee fi seeraan raawwatiinsa kan qabu pilaanii caaseeffama magaalaa, pilaanii misooma qe'ee (local development plan) yookiin pilaanii bu'uuraa ta'ee, ibsa barreeffamaa pilaanii waliin jiru ni dabalata.

በተለያዩ ቦታዎች በተበታተነ መልኩ ሲሰራ የነበረውን የከተማ መሬት ስራ ራሱን ችሎ በከተማ መሬት ልማት እና ማኔጅመንት ላይ የሚሠራ የመንግሥት አካልን መመስረት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ህገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፴፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል፡፡

ክፍል አንድ

ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲ ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፱/፪ሺ፭" ተብሎ ሊጠራ ይችላል፡፡

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

፩) **"ቢሮ"** ማለት የኦሮሚያ ኢንዱስትሪና ከተማ ልማት ቢሮ ማለት ነው፡፡

፪) **"ከተማ"** ማለት ፪ሺ፭ ከዚያ በላይ ህዝብ የሚኖርበት ሆኖ ከከተማው ነዋሪዎች ፶% እና ከዚያ በላይ በግብርና የማይተዳደር ማለት ነው፡፡

፫) **"የከተማ መሬት"** ማለት በከተማ መስተዳድር ድንበር ውስጥ የሚገኝ መሬት ማለት ነው፡፡

፬) **"የከተማ መሬት ማኔጅመንት"** ማለት የከተማ መሬትና ከመሬት ጋር የተያያዙ ንብረቶችን በዘመናዊ መንገድ ማስተዳደርና መምራት ማለት ነዉ፡፡

፭) **"ከተማ አስተዳደር"** ማለት በህግ ሥልጣን ወይም በውክልና ጉዳዩ ከሚመለከተው መንግስታዊ አካል ከተማ ለማስተዳደር ሥልጣንና ተግባር ተሰጥቶት የተደራጀ አካል ማለት ነው፡፡

፮) **"መሬትና ከመሬት ጋር የተያያዘ ንብረት"** ማለት የከተማ መሬትና ከመሬቱ ጋር የተያያዘ የማይንቀሳቀስ ንብረት ማለት ነው፡፡

፯) **"ካድስተር"** ማለት መሬትና ከመሬት ጋር የተያያዘና ቋሚ ንብረት የሚመዘገብበትና የሚታወቅበት ስርዓት ማለት ነው፡፡

፰) **"የከተማ ፕላን"** ማለት ስልጣን ባለው አካል የጸደቀና ህጋዊ ተፈጻሚነት ያለዉ የከተማ መዋቅራዊ ፕላን፣ የአካባቢ ልማት ፕላን ወይም መሰረታዊ ፕላን ሲሆን አባሪ የጽሁፍ ማብራሪያዎችን ይጨምራል፡፡

WHEREAS, it has become necessary to establish an organ that work on urban land development and management issues which has been executed at different place in a scattered manner;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49(3) (a) of Proclamation No. 46/2001 of the Revised Constitution of the National Regional State of Oromia it is hereby proclaimed as follows.

PART ONE

General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as "A Proclamation to Establish Urban Land Development and Management Agency No. 179/2013."

2. Definitions

Unless the context required otherwise in this Proclamation:-

1) **"Bureau"** means Oromia Industry and Urban Development Bureau.
2) **"Urban"** means urban whose population is 2000 and more and where the livelihood of 50% of this popultion does not depend up on agriculture.
3) **"Urban Land"** means land found in the boundary of urban administration.
4) **"Urban Land Management"** means administering and leading urban land and land related property in a modern way.
5) **"Urban Administration"** means urban administration that acquired legal and concerned government organ recognition.
6) **"Land Related Property"** means urban land and immovable property found on it.
7) **"Cadastre**" means a system by which land and real propertiy found on it is registred and known.
8) **"Urban Plan"** means structural plan, local development plan or basic plan of an urban center including annexed descriptive documents which are legally endorsed by the authorized body and have legally binding effect.

9) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin dhaabbata seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Kaayyoo Ejansichaa

Sirna misoomaa fi maanaajimantii lafa magaalaa qindaa'aa ta'e diriirsuun ittifayyadama lafa magaalaa iftoominaafi ittigaafatamummaa qabuufi pilaaniin hogganamee jijjiirama bu'uuraa hawaas-dinagdee ummataa akka fiduu danda'u, karaa guutuu ta'een hogganuun misoomaafi guddina ariifataa magaalotaa fiduudha.

KUTAA LAMA

Hundeeffama, Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Ejansichaa

5. Hundeeffamaa fi Itti Waamama

1) Ejansiin Misoomaafi Manaajimantii Lafa Magaalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Ejansii" jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Ejansichaa Biiroof ta'a.

6. Teessoo Waajjira Ol'aanaa Ejansichaa

Teessoon waajjira ol'aanaa Ejansichaa Magaalaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti sadarkaa godinaa, magaalaafi gandoota magaalotaa keessatti caasaafi waajjira qabaachuu ni danda'a.

7. Gurmaa'ina Ejansichaa

Ejansichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa;
2) Itti Aanaa Hojii Gaggeessaa Ol'aanaafi
3) Hojjattoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.

8. Aangoo fi Hojii Ejansichaa

Ejansichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammataafi tarsiimoo misoomaa fi maanaajimantii lafa magaalaa hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata.
2) Sirna ammayyaa'aadhaan misoomaafi bulchiinsa lafa magaalaa ni diriirsa; akka diriiru ni taasisa; ni deeggara; ni to'ata; ni hordofa.

፱) **"ሰው"** ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም ህጋዊ ሰውነት የተሰጠው ድርጅት ማለት ነው።

፫. የፆታ መግለጫ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀው ቃል የሴትንም ይጨምራል።

፬. የኤጀንሲው ዓላማ

የተቀናጀ የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ስርዓትን በመዘርጋት ግልጽነትና ተጠያቂነት ያለው የከተማ መሬት አጠቃቀም በፕላን እየተመራ የህዝቡን ማህበራዊ ኢኮኖሚያዊ መሰረታዊ ለውጥ በሚያመጣ እና ሙሉ በሆነ መንገድ በመምራት የከተሞችን ፈጣን እድገትና ልማት ማምጣት ነው።

ክፍል ሁለት

የኤጀንሲው መቋቋም፣ አደረጃጀት፣ ስልጣንና ተግባር

፭. መቋቋምና ተጠሪነት

፩) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲ ከዚህ በኋላ "ኤጀንሲ" ተብሎ የሚጠራ በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል።

፪) የኤጀንሲው ተጠሪነት ለቢሮው ይሆናል።

፮. የኤጀንሲው ዋና መስሪያ ቤት አድራሻ

የኤጀንሲው ዋና መስሪያ ቤት አድራሻ ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ እንደ አስፈላጊነቱ በዞን፣ በከተማ እና በከተሞች ቀበሌ ውስጥ መዋቅርና ጽ/ቤት ሊኖረው ይችላል።

፯. የኤጀንሲው አደረጃጀት

ኤጀንሲው ከዚህ የሚከተለው አደረጃጀት ይኖረዋል።

፩) ዋና ስራ አስኪያጅ
፪) ምክትል ዋና ስራ አስኪያጅ እና
፫) አስፈላጊ ሰራተኞች ይኖሩታል።

፰. የኤጀንሲው ሥልጣንና ተግባር

ኤጀንሲው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፣

፩) የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ፖሊሲና እስትራቴጂ በስራ ላይ ያውላል፤ በስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል።

፪) ዘመናዊ የከተማ መሬት ልማትና አስተዳደር ስርዓት ይዘረጋል፤ እንዲዘረጋ ያደርጋል፤ ድጋፍ ይሰጣል፤ ይቆጣጠራል፤ ይከታተላል።

9) **"Person"** means physical or judicial person or organization.

3. Gender Reference

Provisions of this proclamation set out in the masculine gender shall apply to the feminine gender.

4. Objectives of the Agency

To enhance transparency and accountability in urban land use that is guided by urban plan to bring basic change in socio-economic of urban society as well as, fast growth and development of towns by creating organized urban land development and management system.

PART TWO

Establishement, Organization and Power and Duties of the Agency

5. Establishment and Accountability

1) Oromia National Regional State Land Development and Mamangement Agency hereafter called "Agency" shall be established by this Proclamation.
2) The Agency shall be accountable to the Bureau.

6. The Head Office of the Agency

The head office of the Agency shall be in Finfine Town and it may have structure and office at Zonal, Urban, and Kebele level as it may necessary.

7. Organization of the Agency

The Agency shall have the following organization.

1) General Manager,
2) Deputy General Manager and
3) Other necessary workers.

8. Powers and Duties of the Agency

The Agency shall have the following powers and duties:-

1) Implement urban land development and management policy and strategy, cause to be implemented, follow up, and control.
2) Provide modern urban land development and administration system; cause to be provided; support; control and follow up.

3) Seera liiziifi seerota biroo hojii misoomaafi maanaajimantii lafa magaalaa waliin wal-qabatan hojiirra ni oolcha; ni hordofa; ni to'ata.
4) Sirna kenniinsa tajaajilaafi bulchiinsa lafa magaalaa iftoomina, si'ataa, qulqullinaafi itti gaafatamummaa mirkaneessu ni diriirsa; akka diriiru ni taasisa;
5) Ragaafi odeeffannoo lafaafi qabeenya lafa magaalaa waliin wal-qabatan walitti ni qaba; ni gurmeessa; ni bulcha; qaama dhimmi ilaaluuf ni tamsaasa.
6) Sirna ammayyaa'aa ragaafi odeeffannoo lafaafi qabeenya lafa magaalaa waliin wal-qabatan akka diriiru ni taasisa; raawwii isaa ni hodofa; ni to'ata.
7) Lafa magaalaa invastimantiifi tajaajila misooma adda addaatiif oolu, bu'uurri misoomaa guutameef, falmiifi mormii adda addaa irraa bilisa ta'e qoratee ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; hojiirra oolmaa isaa ni to'ata; tarkaanfii seeraa barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.
8) Iddoowwan magaalaa dulloman qorachuufi adda baasuun hojii deebisanii misoomsuuf qaama dhimmi ilaaluu waliin ta'ee haala ni mijeessa; raawwii isaas ni hordofa.
9) Lafa magaalaa kanaan dura hojii invastimantiif kenname akkaataa seera jiruun hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni to'ata; barbaachisaa ta'ee yoo argame qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun tarkaanfiin seeraa akka fudhatamu ni taasisa.
10) Gaaffii lafa invastimantii maanifaakchariingi industirii simachuun qindeessee Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun akka murtee argatan ni taasisa; hojiirra akka oolan ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; akkaataa waliigalteetiin yoo hojiirra hin oolle tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa.
11) Abbootii qabeenyaa akkaataa seeraatiin lafa invastimantii fudhatan Bulchiinsa Magaalaa waliin waliigaltee akka mallatteessan ni taasisa; waliigaltee mallattaa'e galmeessee ni qaba; qaama dhimmi ilaaluuf ni dabarsa.

፫) ከከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ስራ ጋር የተያያዙ የሲዝ ህጎችና ሌሎች ህጎች ስራ ላይ ያውላል፤ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፡፡
፬) ግልፅነት፣ ቀልጣፋ፣ ጥራት እና ተጠያቂነት ያለው የከተማ መሬት አገልግሎት አሰጣጥና አስተዳደር የሚያረጋግጥ ሥርዓት ይዘረጋል፣ እንዲዘረጋ ያደርጋል፡፡
፭) ከተማ መሬትና መሬት ጋር የተያያዙ ንብረቶችን ማስረጃና መረጃ ይሰበስባል፣ ያደራጃል፣ ያስተዳድራል፣ ለሚመለከተው አካል ያሰራጫል፡፡
፮) ከከተማ መሬትና ከመሬት ጋር የተያያዙ ንብረቶች ማስረጃና መረጃ ዘመናዊ ስርዓት እንዲዘረጋ ያደርጋል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡
፯) ለተለያየ ኢንቨስትመንትና የልማት አገልግሎት የሚውል፣ መሰረተ ልማት የተሟላለት፣ ከተለያየ ክርክርና ተቃውሞ ነፃ የሆነ የከተማ መሬት አጥንቶ ያዘጋጃል፣ ለሚመለከተው አካል ያስተላልፋል፣ ስራ ላይ መዋሉን ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊውን ህጋዊ ዕርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፡፡
፰) ያረጁ የከተማ ቦታዎችን በማጥናትና በመለየት መልሶ የማልማትን ስራ ከሚከተለው አካል ጋር በመሆን ያመቻቻል፤ አፈጻጸሙንም ይከታተላል፡፡
፱) ቀደም ሲል ለኢንቨስትመንት ሥራ የተሰጠ የከተማ መሬት ባለው ሕግ መሰረት ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ህጋዊ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፡፡
፲) ለማኒፋክቸሪንግ ኢንዱስትሪ የሚቀርብ የኢንቨስትመንት መሬት ጥያቄ ተቀብሎ በማቀናጀት ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት በማቅረብ ውሳኔ እንዲያገኙ ያደርጋል፣ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፤ በውሉ መሠረት ስራ ላይ ካልዋለ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፡፡
፲፩) በህጉ መሠረት የኢንቨስትመንት መሬት የወሰዱ ባለሃብቶች ከከተማ አስተዳደር ጋር ውል እንዲፈራረሙ ያደርጋል፣ የተፈፀመውን ውል መዝግቦ ይይዛል፤ ለሚመለከተው አካልም ያስተላልፋል፡፡

3) Implement, follow up and control lease laws and other laws related to urban land development and management.
4) Provide and cause to be provided urban land administration and service delivery system which ensures transparency, efficiency, quality and accountably.
5) Collect, organize, administer and disseminate information and data regarding land and property related with urban land.
6) Cause modern data and information system related with urban land and property related to it to be provided; follow up and control its implimentation.
7) Study and prepare urban land, with the necessary infrastructure, free from dispute and complaint for investment and development service, transfer to the concerned body, control its implementation, take and cause the necessary legal measure to be taken;
8) Study and identify old urban areas, facilitate conditions with the concerned body for its redevelopment, follow up its implementation.
9) Follow up, control the implimentation of urban land previously given for investment is utalized in accordance with the existing law, where necessary cause legal measure to be taken with the concerned body.
10) Recieve, organize and submit request of investment land for manufacturing and industry to Oromia National Regional State Administrative Council and cause to be decided and implemented; follow up its implementation, if not performed as per the the contractual agreement take and cause the necessary measure to be taken.
11) Make investors sign an agreement with urban administration; register, hold the agreement and transfer it to the concerned body.

12) Gaaffii jijjiirraa abbummaafi gosa piroojaktoota invastimantii magaalaa qaama dhimmi ilaalu wajjin ni raawwata; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa.

13) Shallaggii beenyaa namoota qabiyyee lafa isaanii irraa ka'aniif akkaataa seeraatiin akka raawwatamu ni taasisa; kaffaltiin beenyaa osoo lafa isaanii irraa hin ka'iin dursee akka kaffalamuuf ni taasisa.

14) Kaffaltiin beenyaa gabaa yeroo irratti kan hundaa'e akka ta'u qorannoo gaggeessuun qaama dhimmi ilaaluuf dhiyeessee mirkaneessisuun qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun hojiirra akka oolu ni taasisa.

15) Namoota qabiyyee lafa magaalaa isaanii gadi lakkisan deebi'anii akka of danda'an qaama dhimmi ilaallatu waliin ni hojjata; ni gargaara; ni hordofa; ni to'ata.

16) Magaalonni, sirna lafa magaalaa adda baasanii galmeessuun misoomaaf oolchaniifi gocha seeraan alaa irraa ittisuu itti danda'an ni diriirsa.

17) Sirna dhiyeessa lafa magaalaa bu'a qabeessaafi guddina dinagdee magaalotaa galma geessisu ni diriirsa.

18) Sirna qophii lafaa diriirsuun baankii ragaa lafaa ni gurmeessa.

19) Hayyama ijaarsaafi ittifayyadama lafaa ni kenna; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa; rakkoon yoo jiraate qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa.

20) Leenjii humna dandeettii raawwachiisummaa hojjattootaa cimsu ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

21) Sirni ittifayyadama pilaanii lafa magaalaa galma misooma magaalotaa milkeessu, raawwatamuu danda'uufi waldubbisu akka jiraatu ni taasisa.

22) Lafti magaalotaa pilaanii magaalaa eegee qusannoofi faayidaa ol'aanaaf akka oolu qajeelfamootaa fi hojimaata ni qopheessa; akka hojiirra oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata.

23) Magaalota keessattiifi daangaa magaalotaa irratti ijaarsi seeraan alaa akka hin babal'anne qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; qajeelfamaa fi hojimaata ni qopheessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamus ni taasisa.

፲፪) የከተማ መሬትና የኢንቨስትመንት ፕሮጀክት አይነት የመቀየርና የሥም ማዛወር ጥያቄ ተቀብሎ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይፈፅማል፤ ስራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፡፡

፲፫) ከይዞታቸው ለሚነሱ ሰዎች በህጉ መሰረት ካሳ እንዲገመትላቸው ያደርጋል፤ ከመሬታቸው ሣይነሱ አስቀድሞ ካሣ እንዲከፈላቸው ያደርጋል፡፡

፲፬) የካሣ ክፍያ በወቅቱ ገበያ ላይ የተመሠረተ እንዲሆን ጥናት በማካሄድ ለሚመለከተው አካል አቅርቦ በማፀደቅ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፡፡

፲፭) ከይዞታቸው የተነሱ ሰዎች መልሰው እንዲቋቋሙ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

፲፮) ከተሞች የከተማ መሬት ለይተው በመመዝገብ ለልማት የሚያውሉበትንና ከህገ ወጥ ድርጊት ሊከላከሉ የሚችሉበትን ስርዓት ይዘረጋል፡፡

፲፯) የከተማ መሬት አቅርቦትን ውጤታማ የሚያደርግና የከተሞችን ምጣኔ ሀብት ከግብ የሚያደርስ ስርዓት ይዘረጋል፡፡

፲፰)የመሬት አዘገጃጀት ስርዓት በመዘርጋት የመሬት ማስረጃ ባንክ ያደራጃል፡፡

፲፱) የግንባታና የመሬት የመጠቀሚያ ፈቃድን ይሰጣል፤ ስራ ላይ መዋሉንም ይከታተላል፤ ችግር ካለ ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድም ያደርጋል፡፡

፳) የሰራተኞችን የማስፈፀም አቅም የሚገነባ ስልጠና ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፡፡

፳፩)የከተሞችን የልማት ግብ የሚያሳካ፣ ሊተገበር የሚችልና የሚናበብ ፕላን እንዲኖር ያደርጋል፡፡

፳፪) የከተሞች መሬት በከተማው ፕላን መሰረት በቁጠባ ለከፍተኛ ጥቅም እንዲውል መመሪያዎችና አሰራር ያዘጋጃል፤ በስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤ ተግባራዊነቱን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፡፡

፳፫) በከተሞች ውስጥና በከተሞች ድንበር ላይ ህገ ወጥ ግንባታ እንዳይስፋፋ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር ይሰራል፤ መመሪያና አሰራር ያዘጋጃል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ ህጋዊ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፡፡

12) Execute request of change of owner ship and type of investment land project with the concerned body; follow up its implementation.

13) Cause compensation to be estimated in accordance with the law for persons whose land is expropriated; cause compensation to be paid before their displacement.

14) Undertake research to make compensation payment correspond with the market value of the time; submit it to the concerned body and cause to be approved, implement and cause to be implemented with the concerned body.

15) Work in coordination with the concerned body to rehabilitate persons whose land is expropriated; support; follow up and control.

16) Provide a system in which urban identify, register rural land and utilize it for development and avoid illegal activities.

17) Provide a system which makes urban land delivery fruitful and urban economic development aim to be achieved.

18) Provide land preparation system and organize land data bank.

19) Shall give construction and land utilization license; follow up its implementation; where a problem is found take and cause legal measure to be taken with the concerned body.

20) Give and cause to be given a training that strengthen worker's implementation capacity.

21) Shall provide urban land utilization plan that ensures the realization of urban development goal, that could be implemented and as well as correspond with each other.

22) Issue Directives and guideline to ensure urban land use for maximum economical benefit in accordance with urban plan, cause its implement ation; follow up and control its implementation.

23) Issue Directive and guideline with the concerned body to control the expansion of illegal construction inside urban areas and on the borders; follow up, control its implimentation; take and cause legal measure to be taken.

24) Magaalota keessatti haala qabiinsa ragaa fi qabeenya lafaan walqabatee jiru sirna kaadaastaraatiin akka qabamuu fi gurmaa'u sochii hojii gama kanaan magaalota keessatti gaggeeffamu ni qindeessa; ni to'ata; hojiirra akka oolu ni taasisa.

25) Magaalonni haala ammayyummaa qabuun pilaanii magaalaa eeganii deemuu isaanii ni hordofa; ni to'ata; pilaaniin magaalaa sadarkaa isaa eegees akka qophaa'uuf deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna.

26) Caasaafi mindaa ogeessota Ejansichaa qoratee Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessee yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha.

27) Magaalota sirna liizii keessa hin galle qoratee Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessee mirkaneessisuun akka hojiirra oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa.

28) Gatii ka'umsa liizii lafa magaalaa qorachuun Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun ni murteessisa; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni deeggara.

29) Qaamolee isaaf ittiwaamaman ni qindeessa; ni to'ata.

30) Qabeenya ni horata; walii galtee ni seena; ni himata; ni himatama.

9. Muudama

Hojii Gaggeessaan Ol'aanaafi Itti Aanaan Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan Ejansichaa Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin dhiyaatanii Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan muudaman ta'a.

10. Aangoo fi Hojii, Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa

Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Ejansichaa ol'aantummaan ni gaggeessa; ni qindeessa; ni bulcha.
2) Aangoofi hojii Ejansichaa hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa.
3) Bu'a qabeessummaa hojichaaf jecha aangoofi hojii isaa irraa qoodee ittigafatamtootaafi hojjattoota isa jala jiraniif bakka bu'iinsa kennuu ni danda'a.
4) Seera hojjattoota mootummaa irratti hundaa'ee hojjattoota ni qaxara; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa.

፳፬) በከተሞች ውስጥ የመሬት መረጃ አያያዝና ከመሬት ጋር የተያያዙ ንብረቶች በካዳስተር ስርዓት እንዲያዝና እንዲደራጅ በዚህ ረገድ በከተሞች ውስጥ የሚካሄደውን የስራ እንቅስቃሴ ያስተባብራል፣ ይቆጣጠራል፣ በስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል።

፳፭) ከተሞች ዘመናዊነትን በተላበሰ ሁኔታ የከተማ ፕላን ጠብቀው መንዛቸውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ የከተማ ፕላንም ደረጃውን ጠብቆ እንዲዘጋጅላቸው አስፈላጊውን ድጋፍ ይሰጣል።

፳፮) የኤጀንሲውን ባለሙያዎች መዋቅር እና ደሞዝ አጥንቶ ለኦሮሚያ ክልል አስተዳደር ምክር ቤት አቅርቦ ሲወሰን ሥራ ላይ ያውላል።

፳፯) የሊዝ ሥርዓት ውስጥ ያልገቡ ከተሞችን አጥንቶ ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳደር ምክር ቤት አቅርቦ በማፀደቅ ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል።

፳፰) የከተማ መሬት የሊዝ ዋጋ መነሻን በማጥናት ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት በማቅረብ ያስወስናል፣ ስራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፣ ይደግፋል።

፳፱) ተጠሪነታቸው ለኤጀንሲው የሆኑ አካላትን ያቀናጃል፣ ይቆጣጠራል።

፴) ንብረት ያፈራል፣ ውል ይገባል፣ ይከሳል፣ ይከሰሳል።

፱. ሹመት

የኤጀንሲው ዋና ሥራ አስኪያጅ እና ምክትል ሥራ አስኪያጅ በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ፕሬዝዳንት ቀርበው በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት የሚሾሙ ይሆናል።

፲. የዋና ስራ አስኪያጅ ስልጣንና ተግባር

ዋና ስራ አስኪያጅ የሚከተሉትን ስልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡

፩) የኤጀንሲውን ሥራ በበላይነት ይመራል፣ ያስተባብራል፣ ያስተዳድራል።

፪) የኤጀንሲውን ስልጣንና ተግባር በሥራ ላይ ያውላል፣ እንዲውልም ያደርጋል።

፫) ለሥራው ውጤታማነት ሲባል ከሥልጣንና ተግባሩ በማካፈል በስሩ ላሉት የሥራ ኃላፊዎችና ሠራተኞች በውክልና ሊሰጥ ይችላል።

፬) በመንግሥት ሰራተኞች ህግ ላይ በመመሥረት ሠራተኞችን ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል፣ ከስራ ያሰናብታል።

24) Coordinate the collection and organization of data regarding land and property related to land in urban areas as per cadastral map system; control; cause its implementation.

25) Follow up, control cities whether they follow the master plan in a modern way; give the necessary support in the preparation of the town's master plan as per the standard.

26) Study and submit structure and salary of the employees of the agency to Oromia National Regional State Administrative Council and implement the same upon approval.

27) Study and submit urbans that did not enter in to the lease system to Oromia National Regional State Administrative Council for approval and impliment the same upon approval; follow up its implementation.

28) Study and Submit initial lease price of urban land to Oromia National Regional State Administrative Council for approval; cause to be implemented; support.

29) Coordinate, control those organs accountabile to it.

30) Own property, enter in to contract; sue and to be sued.

9. Appointment

The General Manager and the Deputy General Manager of the Agency shall be nominated by the President of the National Regional State of Oromia and appointed by National Regional State's Administrative Council.

10. Powers and duties of the General Manager

The General Manager shall have the following powers and duties.

1) Coordinate and administer duties of the Agency.
2) Implement the powers and duties of the Agency; cause to be implement.
3) May delegate some of his powers and duties to heads and other worker under him for better implementation.
4) Employ, administer and fire workers in accvordance with civil servant law.

5) Walqunnamtii qaama sadaffaa wajjin godhamu hunda irratti bakka bu'aa Ejansichaa ni ta'a.
6) Karoora hojiifi baajataa qopheessuudhaan qaama ilaallatuuf dhiyeessee yoo eeyyamame hojiirra ni oolcha.
7) Seera faayinaansii irratti hundaa'ee baajata Ejansichaa ni bulcha; herrega baankii ni bana; ni sochoosa.
8) Gabaasa raawwii hojiifi baajataa qopheessee qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa.

11. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa

1) Yeroo Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan hin jirre bakka bu'ee ni hojjata.
2) Hojii, Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan kennamuuf ni hojjata.

KUTAA SADII

TUMAALEE ADDA ADDAA

12. Madda Galii

Maddi galii Ejansichaa baajata mootummaan ramaduufi deeggarsa adda addaa irraa ta'a.

13. Galmee Herregaa

Ejansichi galmee herregaafi harshammeewwan faayinaansii sirriifi guutuu ta'e ni qabaata.

14. Odiitii Herregaa

Galmeewwan herregaafi qabeenyi Ejansichaa Mana Hojii Odiitara Muummichaa Naannoo Oromiyaatiin yookiin odiitara inni bakka buusuun odiitii ni ta'a.

15. Tumaalee Ce'umsaa

Hojiiwwaniifi ragaalee lafa magaalatiin walqabatanii qaamolee adda addaatiin hojjatamaa turan Labsii kanaan gara Ejansichaatti darbanii jiru.

16. Ittiwaamama Qaamolee Adda Addaa

1) Ittiwaamamni Insititiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaafi Waajjira Qindeessaa Piroojektii Sirna Qabiinsa Ragaa Lafa Magaalaa Oromiyaa Ejansichaaf ta'a.
2) Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa aangoofi hojii Ejansichaa milkeessuuf kan dandeessisan qaamolee adda addaa Dambiidhaan hundeessuu ni danda'a.

፫) ከሶስተኛ ወገን ጋር ለሚደረግ ማንኛውም ግንኙነት የኤጀንሲው ተወካይ ይሆናል።
፮) የሥራና የበጀት ዕቅድ በማዘጋጀት ለሚመለከተው አካል አቅርቦ ሲፈቀድ በስራ ላይ ያውላል።
፯) በፋይናንስ ህግ መሰረት የኤጀንሲውን በጀት ያስተዳድራል፣ የባንክ ሂሣብ ይከፍታል፣ ያንቀሣቅሳል።
፰) የስራና የበጀት ዕቅድ አፈፃፀም ሪፖርት አዘጋጅቶ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል።

፲፩. የምክትል ዋና ሥራ አስኪያጅ ሥልጣንና ተግባር

፩) ዋና ሥራ አስኪያጅ በማይኖርበት ጊዜ ወክሎ ይሠራል።
፪) በዋና ስራ አስኪያጅ የሚሰጠውን ሥራ ይሰራል።

ክፍል ሶስት

የተለያዩ ድንጋጌዎች

፲፪. የገቢ ምንጭ፡

የኤጀንሲው የገቢ ምንጭ መንግሥት ከሚመድበው በጀትና ከተለያዩ እርዳታዎች ይሆናል።

፲፫. የሂሣብ መዝገብ

ኤጀንሲው ትክክልና የተሟላ የሂሣብ መዝገብና የፋይናንስ ሰነዶች ይኖሩታል።

፲፬. የሂሣብ አዲት

የኤጀንሲው የሂሣብ መዝገብና ንብረት በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ዋና አዲተር መስሪያ ቤት ወይም እሱ በሚመድበው አዲተር አዲት ይደረጋል።

፲፭. የመሸጋገሪያ ድንጋጌዎች

ከከተማ መሬት ጋር ተያይዘው በተለያዩ አካላት ሲሰሩ የቆዩ ስራዎችና መረጃዎች በዚህ አዋጅ ወደ ኤጀንሲው ተላልፈዋል።

፲፮. የተለያዩ አካላት ተጠሪነት

፩) የኦሮሚያ ከተሞች ፕላን ኢንስቲቲዩትና የኦሮሚያ የተቀናጀ የመሬት መረጃ ሥርዓት ፕሮጀክት ጽ/ቤት ተጠሪነት ለኤጀንሲው ይሆናል።
፪) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የኤጀንሲውን ስልጣንና ተግባር ከግብ ለማድረስ የሚያስችሉ የተለያዩ አካላትን በደምብ ማቋቋም ይችላል።

5) Represent the Agency in all communications with the third party.
6) Prepare and submit work plan and budget to the concerned body and implement the same upon approval.
7) Administer, open bank account and run the budget of the Agency, as per financial law.
8) Prepare and submit work performance and budget execution report to the concerned body.

10. Powers and duties of the Deputy Manager

1) Represent the General Manager in his absence.
2) Perform duties given to him by the General Manager.

PART THREE

Miscellaneous Provisions

12. Income of the Agency

Income of the Agency shall be from the budget allocated by the government and various donations.

13. Book of Account

The Agency shall have full and clear book of account and financial documents.

14. Account Audit

Books of account and financial document of the Agency shall be audited by Oromia National Regional State Auditor General Office or by other auditor assigned by it.

15. Transitional Provisions

All works and datas related with urban land started by various bodies shall be transferred to the Agency by this Proclamation.

16. Accountability of Different Bodies

1) The Oromia Urban Planning Institute and Oromia Integrated Urban Land Information System Project Office shall be accountable to the Agency.
2) Oromia National Regional State Administrative Council may establish different bodies by Regulation to ensure the proper implementation of the powers and duties of the Agency.

17. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

1) Labsii kana raawwachiisuuf Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Dambii baasuu ni danda'a.
2) Ejansichi Labsii kana yookiin Dambii Labsii kana irratti hundaa'ee bahu raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

18. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Labsii Lak. 163/2003 Keewwata 13 Keewwata Xiqqaa 2 (f)n Labsii kanaan haqamee jira.
2) Labsii Lak. 170/2004 Keewwata 2 Keewwata Xiqqaa 4 Keewwattoonni Xixiqqaan 6, 7, 9, 10 fi 28 Labsii kanaan haqamanii jiru.
3) Dambii Waajjira Qindeessaa Piroojektii Sirna Qabiinsa Ragaa Lafa Magaalaa Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Lak. 142/2004 Keewwata 4 Keewwata Xiqqaa 2, Keewwata 7 Keewwata Xiqqaa 1, Keewwata 8 Keewwata Xiqqaa 11, fi Keewwattoonni 9,10, 11, 12, 13, 14 Keewwata Xixiqqaa 5 fi 7 fi Keewwata 16 Labsii kanaan haqamanii jiru.
4) Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

19. Yeroo Labsiin Kun Hojii Irra Oolu

Labsii kun Adoolessa Guyyaa 6 Bara 2005 irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

Alamaayyoo Atoomsaa
Pireeziidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Finfinnee, Adoolessa 6 Bara 2005

፲፯. ደምብና መመሪያ የማውጣት ስልጣን

፩) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት ይህን አዋጅ ለማስፈፀም ደምብ ሊያወጣ ይችላል፡፡

፪) ኤጀንሲው ይህን አዋጅ ወይም በዚህ አዋጅ ላይ ተመስርቶ የሚወጣውን ደምብ ለማስፈፀም መመሪያ ማውጣት ይችላል፡፡

፲፰. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች

፩) አዋጅ ቁጥር ፩፻፷፫/፪ሺ፫ አንቀፅ ፲፫ ንዑስ አንቀፅ ፪(ረ) በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡

፪) አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፱/፪ሺ፬ አንቀፅ ፪ ንዑስ አንቀፅ ፬ ቁጥር ፮፣ ፯፣ ፱፣ ፲ እና ፳፰ በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡

፫) የኦሮሚያ የመሬት መረጃ አያያዝ ስርዓት ፕሮጀክት አስተባባሪ ጽ/ቤት ለማቋቋም ከወጣው ደምብ ቁጥር ፩፻፵፪/፪ሺ፬ ውስጥ አንቀፅ ፬ ንዑስ አንቀፅ ፪፣ አንቀፅ ፯ ንዑስ አንቀፅ ፩፣ አንቀፅ ፰ ንዑስ አንቀፅ ፲፩ እና አንቀፅ ፱፣ ፲፣ ፲፩፣ ፲፪፣ ፲፫፣ ፲፬ ንዑስ አንቀፅ ፭ እና ፯ እና አንቀፅ ፲፮ በዚህ አዋጅ ተሽሯል፡፡

፬) ከዚህ አዋጅ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ህጎችና ልማዳዊ ድርጊቶች በዚህ አዋጅ ውስጥ በተካተቱ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

፲፱. ይህ አዋጅ በስራ ላይ የሚውልበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም ጀምሮ በሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

አለማየሁ አቶምሣ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፮ ቀን ፪ሺ፭ ዓ.ም.

17. Powers to Issue Regulation & Directives

1) Oromia National Regional State Administrative Council may issue Regulation to implement this Proclamation.
2) The Agency may issue Directives to implement this Proclamation and the Regulation to be issued for the implementation of this Proclamation.

18. Inapplicable Laws

1) Article 13 Sub-Article (2)(f) of Proclamation No. 163/2011 shall be repealed by this Proclamation.
2) Article 2 Sub-Articles 4 (6), (7), (9), (10) and (28) of Proclamation No. 170/2012 shall be repealed by this Proclamation.
3) Oromia Integrated Urban Land Information System Project Office Regulation No. 142/2012 Article 4 Sub-Article 2, Article 7 Sub-Article 1, Article 8 Sub-Article 11 and Articles 9, 10, 11, 12, 13 and 14 Sub-Articles 5 and 7 and Article 16 shall be repealed by this Proclamation.
4) Any law and practice inconsistant with this Proclamation shall not be applicable on matters provided in this Proclamation.

19. Effective Date

This Proclamation shall come in to effect as of the 13th of July 2013.

Alemayehu Atomsa
President of Oromia National Regional State
Finfine, 13th of July 2013

©2006
Waajjira Afyaa'iifi Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame
በአፈጉባኤና ጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት ታተመ
Published by the Office of the Speaker & the "Caffee" of the NRSO
Muddee17 Bara 2006/ ታህሣሥ ፲፯ ቀን ፪ሺ፮ ዓ.ም/ 26 of December 2013